Dambii Lakkoofsa 233/2015

## Dambii Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Hundeessuuf Bahe

Magaalotaa fi gandoota baadiyyaa Naannawa Magaalaa Finfinneetti argaman haala kenna tajaajilaa fi hojiiwwan bulchiinsaatiif mijachuu danda'aniin walitti makuu fi bu'uuraalee misoomaan walqunnamsiisuun magaalaa ammayyaa fi hawwataa giddugala misoomaa, invastimentii fi industirii, qonna magaalaa, teknolojii fi qunnamtii odeeffannoo, dandeettii kalaqaa, turizimii fi daldalaa akkasumas jiruu fi jireenyaaf mijataa ta'e akkaataa seenaa, aadaa fi duudhaa ummata Oromoo bu'uureeffateen hundeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Walitti hidhamiinsa kutaalee magaalichaa fi gandoota baadiyyaa magaalicha keessatti daangeffaman gama hawaasummaa, diinagdee fi siyaasaatiin qaban cimsuu fi bu'uuraalee misoomaatiin walqunnamsiisuun waliin akka misooman taasisuun magaalaa ammayyaa fi dorgomaa ta'e uumuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Gurmaa'insa, aangoo fi hojii bulchiinsa magaalichaa akkasumas qaamolee bulchiinsa magaalichaa fi hojimaata isaanii seeraan murteessuun waan barbaachiseef;

Akkaataa Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 242/2014 Keewwata 73 (1) tiin Dambiin kun bahee jira.

### Kutaa Tokko
### Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

   Dambiin kun "Dambii Hundeeffama Bulchiinsa Magaalaa Shaggar, Lakkoofsa 233/2015" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

   Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

   1) "Biiroo" jechuun Biiroo Misooma Magaalaa fi Manneenii Oromiyaati.
   2) "Bulchiinsa Magaalaa" jechuun Bulchiinsa Magaalaa Shaggar akkaataa Dambii kanaatiin hundeeffamee fi qaama gurmaa'insa mootummaa Naannichaa ta'edha.
   3) "Aanaa Magaalaa" jechuun qaama gurmaa'insa caasaa magaalaa Kutaa magaalaatti aanu ta'ee, Mana Maree, Qaama Raawwachiisaa fi Mana Murtii Hawaasummaa mataa isaa kan qabuu fi caasaa Bulchiinsa magaalichaa isa jalqabaati.
   4) "Bulchaa Kutaa Magaalaa" jechuun nama qaama raawwachiisaa ol'aanaa ta'ee muudamuun Kutaa Magaalichaa ol'aantummaan gaggeessudha.
   5) "Kantiibaa" jechuun nama akkaataa Dambii kanaatiin qaama raawwachiisaa ol'aanaa Bulchiinsa Magaalichaa ta'ee akka gaggeessuuf muudamedha.



MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional

6) **"Kutaa Magaalaa"** jechuun Bulchiinsa Magaalaatti aanee qaama gurmaa'insa caasaa Magaalaa ta'ee Mana Maree Bulchiinsaa kan qabuu fi aangoo qaama raawwachiisaa sadarkaa isaatti qabaachuun kan hundeeffameedha.

7) **"Hoji-gaggeessaa"** jechuun nama hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Magaalichaa yookiin Kutaalee Magaalichaa ta'ee akkaataa Dambii kanaatiin muudame yookiin ramadamedha.

8) **"Mana Maree"** jechuun sadarkaa Magaalichaa fi Aanaa Magaalaatti filannoo ummataatiin qaama bakka bu'aa ummataa ta'ee hundeeffamedha.

9) **"Mana Maree Bulchiinsaa"** jechuun Qaama Raawwachiiftuu Ol'aanaa sadarkaa Bulchiinsa Magaalaa, Kutaa Magaalaa fi Aanaa Magaalaatti akkaataa Dambii kanaatiin hundeeffamedha.

10) **"Naannoo"** jechuun Naannoo Oromiyaati.

11) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameefidha.

12) **"Pirezidaantii"** jechuun Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaati.

13) **"Mana Murtii"** jechuun Mana Murtii Ol'aanaa sadarkaa Bulchiinsa Magaalaa fi Mana Murtii Aanaa Magaalaa Sadarkaa Kutaa Magaalaatti gurmaa'eedha.

14) **"Tajaajila Mana Qopheessaa"** jechuun tajaajila bishaanii fi dhangala'aa, ijaarsaa fi suphaa daandii, ittisa balaa ibiddaa fi balaa tasaa, misooma lafa magaalaa, qulqullinaa fi miidhagina magaalaa, tajaajila idilee jiraattotaaf kennamanii fi tajaajila biroo magaalichi murteessu dabalatee magaalichaan raawwatamudha.

15) **"Tumaa Magaalaa"** jechuun seera dirqisiisaa Mana Maree Magaalichaatiin bahee daangaa Bulchiinsa Magaalichaa keessatti hojiirra ooludha.

**3. Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraan ibsame kan dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Dambiin kun magaalotaa fi gandoota baadiyyaa walitti makamuun qaama Bulchiinsa Magaalaa Shaggar ta'anii daangaa bulchiinsa magaalichaa keessatti hammatamanii fi gurmaa'insa magaalichaa kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

**5. Kaayyoo Hundeeffama Magaalichaa**

Bulchiinsi Magaalichaa kaayyoowwan gurguddoo armaan gadii milkeessuuf kan hundeeffamedha:

1) Magaalaa ammayyaa'aa fi hawwataa giddugala misooma hunda-galeessaa ta'uun guddina diinagdee, hawaasummaa, siyaasaa fi aadaa Naannichaa utubuu;

2) Magaalaa nagaa-qabeessa, hawwataa fi faalama naannoo ittisuudhaan qulqullinaa fi magariisummaan fakkeenya ta'e akkaataa seenaa, aadaa fi duudhaa Ummata Oromootiin hundeessuun magaalicha jiruu fi jireenya dhala namaatiif mijataa taasisuu;

3) Magaalaa hirmaannaa fi fayyadamummaa qonnaan bulaa magaalichaa fi naannawa magaalichaatti arganan mirkaneessuun hawaasni qonnaan bulaa karaa ammayyaa ta'een oomishee galii argachuun jireenya qananii jiraachaa wabii nyaataa ummata magaalichaa akka mirkaneessu taasisuu;
4) Bu'uuraalee misoomaa ammayyaa, hawwataa fi dorgomaa ta'e magaalichaatti diriirsuun ummata magaalichaa fi naannawa magaalichaa bu'uuraalee misoomaan walitti hidhuun guddinaa fi fayyadamummaa waloo mirkaneessuu;
5) Magaalichatti investaroota biyya keessaa fi biyya alaa hawwachuun hojiiwwan invastimentii adda addaa kanneen akka qonna magaalaa, industirii, daldala, ispoortii fi bashannanaa, turizimii fi kan kana fakkaatan irratti bobba'anii lammiileef carraa hojii akka uuman, ce'umsa beekumsaa fi teknolojii akka fidanii fi sharafa biyya alaa akka argamsiisan taasisuun guddina ariifachiisaa fiduu;
6) Magaalaa qaroominaa giddugala kalaqaa, teknolojii, beekumsaa, koonfiransii fi odeeffannoon ammayyaa sadarkaa ol'aanaatti hojiirra itti oolee fi dijiitaalofte uumuun tajaajila kennamu karaa dhaqqabamaa, bu'a qabeessaa fi haqa qabeessa ta'een si'oominaa fi qulqullinaan kennuun guddina waliigalaa magaalichaa mirkaneessuu.

## Kutaa Lama

## Hundeeffama, Aangoo fi Hojii Bulchiinsa Magaalaa Shaggar

6. Hundeeffama
   1) Magaalaan Shaggar qaama gurmaa'insa Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa ta'uun Dambii kanaan hundeeffamee jira.
   2) Magaalaan Shaggar Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti marsee Magaalota, Aanaalee fi Gandoota armaan gadii walitti makuun kan hundeeffamedha:
      (a) Magaalota Buraayyuu, Kolooboo, Sulultaa, Laga Xaafoo Laga Daadhii, Galaanii fi Sabbataa guutumaa guutuutti;
      (b) Gandoota Aanaalee Walmaraa, Sulultaa, Barrak, Aqaaqii fi Sabbataa Hawaas irraa magaalicha keessatti akka hammataman murtaa'anii maqaa fi baay'inni isaanii miiltoo ta'ee Dambii kanaan walqabate;
      (c) Lafa akkaataa waliigaltee Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee fi Bulchiinsa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee gidduutti dhimma daangaa bulchiinsaa irratti gaafa Adoolessa 22 bara 2014 taasifameen gara Bulchiinsa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinneetti daangeffaman guutumaa guutuutti.
   3) Bal'inni Magaalichaa heektaara 160,892.8 (kuma dhibba tokkoof kuma jaatamaaf dhibba saddeetiif sagaltamii lamaa fi tuqaa saddeet) ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti murtii Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiin dabaluu yookiin hir'isuun ni danda'ama.

Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office

4) Magaalichi Kutaalee magaalaa 12 (kudha lamaa) fi aanaalee magaalaa 36n (soddomii jahaan) gurmaa'uun kan hundeeffame ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti gaaffii Magaalichaa irratti hundaa'uun Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin yoo murtaa'e dabaluu yookiin hir'achuu ni danda'a.

7. **Ittiwaamama**

Ittiwaamamni Magaalaa Shaggar Mana Maree Magaalichaa fi Pirezidaantii Mootummaa Naannichaatiif ta'a.

8. **Teessoo Waajjira Muummee Magaalichaa**

1) Teessoon Waajjira Muummee Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Magaalaa Finfinnee ta'a.
2) Keewwta kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, giddugalli bulchiinsaa Kutaalee Magaalaa fi Aanaalee Magaalaa karaa dhaqqabamummaa kenna tajaajilaa fi bu'uuraalee misoomaa giddugaleessa godhateen Mootummaa Naannichaatiin kan murtaa'u ta'a.

9. **Daangaa Bulchiinsaa**

1) Daangaan Bulchiinsaa Magaalaan Shaggar Bulchiinsa Godinaalee Naannichaa waliin qabu kan armaan gadii ta'a:
   (a) Bahaan Godina Shawaa Bahaa;
   (b) Kibbaan Godina Shawaa Bahaa fi Bulchiinsa Magaalaa Duukam;
   (c) Kibba Lixaatiin Godina Shawaa Kibba Lixaa;
   (d) Kaabaan Godina Shawaa Kaabaa; fi
   (e) Lixaan Godina Shawaa Lixaa fi Bulchiinsa Magaalaa Hoolataa.
2) Daangaan Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa akkaataa Heera Mootummaa Naannichaa Lakkoofasa 46/1994 Keewwata 2(1)tiin tumame akkuma eegametti ta'ee, daangaan bulchiinsaa magaalichi Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee waliin qabu akkaataa sanada waliigaltee Bulchiinsi Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee waliin Adoolessa 22 bara 2014 waliigaluun mallatteessaniin ta'a.

10. **Gurmaa'insa Qaamolee Mootummaa Bulchiinsa Magaalichaa**

1) Magaalaan Shaggar Bulchiinsa Magaalaa, Kutaa Magaalaa fi Bulchiinsa Aanaa Magaalaa ni qabaata.
2) Sadarkaa Bulchiinsa Magaalaatti qaamoleen bulchiinsaa kanneen armaan gadii ta'u:
   (a) Mana Maree;
   (b) Kantiibaa;
   (c) Mana Maree Bulchiinsaa;
   (d) Mana Murtii Ol'aanaa;
   (e) Waajjiraalee fi Hojjettoota barbaachisoo ta'an.

3) Sadarkaa Kutaa Magaalaatti qaamoleen bulchiinsaa kanneen armaan gadii ta'u:

   (a) Mana Maree Bulchiinsaa;

   (b) Mana Murtii Aanaa Magaalaa;

   (c) Waajjiraalee fi hojjettoota barbaachisoo ta'an.

4) Sadarkaa Bulchiinsa Aanaa Magaalaatti qaamoleen bulchiinsaa kanneen armaan gadii ta'u:

   (a) Mana Maree Aanaa Magaalaa;

   (b) Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalaa;

   (c) Mana Murtii Hawaasummaa;

   (d) Waajjiraalee fi hojjettoota barbaachisoo ta'an.

5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, qaamoleen bulchiinsa Aanaa Magaalaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4(c) fi (d) jalatti ibsaman, dhaqqabamummaa tajaajilaa mirkaneessuuf barbaachisaa ta'ee yoo argame Buufata Tajaajilaa qabaachuu ni danda'u.

11. **Aangoo fi Hojii Bulchiinsa Magaalichaa**

Aangoo fi hojiin magaalotaaf seerota birootiin kenname akkuma eegametti ta'ee, Bulchiinsi Magaalichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Lafa daangaa bulchiinsa magaalichaa keessatti hammatame akkaataa seeraatiin ni bulcha; ni misoomsa; ni eega;

2) Pilaanii Magaalichaa ni qopheessa; akka qophaa'u ni taasisa; ni raggaasa; ni fooyyessa; hojiirra ni oolcha; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

3) Misoomni magaalicha keessatti gaggeeffamu pilaanii Magaalichaa karaa eegeen qajeeltoowwan magaalaa miidhagduu giddugaleessa taasisuun raawwatamaa jiraachuu isaa ni mirkaneessa; ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

4) Magaalicha keessatti tajaajila bu'uuraalee misoomaa kanneen akka daandii, bishaan, humna ibsaa, bilbilaa, geejjiba ummataa fi paarkiingii konkolaataa ni hojjeta; ni supha; akka hojjetamuu yookiin suphamu ni taasisa; Kutaaleen Magaalichaa fi Aanaalee Magaalichaa akkasumas aanaalee fi gandoota naannawa magaalichaatti argaman bu'uuraalee misoomaan akka walitti hidhaman ni hojjeta; haqa qabeessummaa facaatii bu'uuraalee misoomaa ni mirkaneessa;

5) Magaalichi bu'uuraalee misoomaan, magariisummaa fi qulqullinaan hawwataa fi dorgomaa akkasumas jiruu fi jireenya dhala namaatiif mijataa akka ta'u hojiiwwan misoomaa barbaachisan ni hojjeta; akka hojjetamu ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara;



Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

6) Iddoowwan magaariisummaa magaalaa akkaataa pilaanii magaalaa irra taa'een ni misoomsa; ni kunuunsa; ni eega; qisaasama pilaanii raawwatamu irratti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa.
7) Qabannaa lafaa seeraan alaa yookiin ijaarsa seeraan alaa akka hin raawwatamne ni to'ata; ni hordofa; tarkaanfii ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; qaama dhimmi ilaalu waliin qindoominaan ni hojjeta;
8) Carraawwan diinagdummaa Kutaaleen Magaalichaa qaban adda ni baasa; hojiiwwan misoomaa caalmaatti bu'a qabeessa isaan taasisuu danda'an irratti akka hojjetan haala ni mijeessa; ni hordofa; ni deeggara;
9) Lafa invastimentiif oolu gosa pirojektii invastimentiitiin addaan baasee qopheessuun akkaataa seeraatiin misoomsaa yookiin investaratti akka darbu ni taasisa;
10) Invastimentii biyya keessaa fi biyya alaa hawwachuu fi babal'isuuf carraawwan invastimentii akka magaalichaatti jiran addaan baasuun ni beeksisa; investaroota gara magaalichaa dhufan ni simata; hojiiwwan sochii investimantiif haala mijataa uumanii fi saffisiisan kanneen akka tajaajila invasimentii iddoo tokkoo hojiirra ni oolcha; jajjabeessituu invastimentii akkaataa seeraatiin akka argatan ni hojjeta;
11) Gamoowwan industirii, daldalaa fi mana jireenyaa akkaataa karoora ittifayyadama lafaa fi pilaanii magaalichaatiin ofii isaatiin yookiin qaamolee dhuunfaa biroo waliin michoomuun ni ijaara; ni bulcha; mana misoome gurgurtaan yookiin kiraan ni dabarsa;
12) Qaama dhimmi ilaallatu waliin michoomuun magaalicha keessatti giddugalli gabaa fi daldala iddoo tokkoo akka hundaa'u ni taasisa; tajaajilli kennamu hammayyaa fi hawwataa akka ta'u ni hojjeta;
13) Tajaajila teknolojii hammayyaatiin deeggaramee fi guddina diinagdee fi hawaasummaa mirkaneessuu danda'u magaalichatti hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa;
14) Teknolojiiwwanii fi xiinxala ragaa hammayyaa hojiirra oolchuun sadarkaa jireenya lammiilee akka fooyya'uuf ni hojjeta; akka hojjetamu ni taasisa;
15) Tajaajila mootummaa dhaqqabamaa, bu'a qabeessaa fi haqa qabeessa ta'e teknolojii ammayyaatiin deeggaruun si'oominaa fi qulqullinaan tajaajilamtootaaf ni kenna;
16) Magaalicha keessatti aadaa, seenaa fi maqaawwan Ummata Oromoo duraan turan akka deebi'anii fi misooman ni hojjeta; hojiiwwan misoomaa gaggeeffaman seenaa, aadaa fi duudhaa Ummata Oromoo akka calaqqisiisan ni hojjeta;
17) Magaalicha keessatti iddoowwan, hambaalee seenaa fi meeshaalee aadaa Ummata Oromoo addaan ni baasa; ni beeksisa; bakka hawwata turizimii akka ta'an ni hojjeta; sirnaan eegamuu isaanii ni hordofa;

The Oromia National Regional Government Office of the President

18) Magaalicha keessatti iddoowwan tajaajila ispoortii, tiyaatiraa, fiilmii, aaragalfannaa, bashannanaa, mana kitaabaa, godambaa fi kanneen biroo karaa ammayyaa'aa fi aadaa Ummata Oromoo calaqqisiisuun ni misoomsa; akka misooman qaamolee dhimmi isaa ilaallatu waliin ni hojjeta;

19) Dhaabbileen misooma mootummaa hojiiwwan misooma magaalichaa deeggaran magaalicha keessatti akka hundeeffaman ni taasisa; Dhaabbileen Misoomaa Mootummaa hundaa'anii jiran hojii misooma Magaalichaa irratti akka hirmaatan qaama dhimmi ilaallatu wajjiin qindoominaan ni hojjeta;

20) Ummata magaalichaa sadarkaa sadarkaan gurmeessuun hirmaannaan isaan misooma hawaasummaa, diinagdee fi siyaasaa irratti qaban akka dabaluu fi fayyadamummaan isaanii akka guddatu ni hojjeta; haala ni mijeessa; dubartootaa fi dargaggoonni xiyyeeffannoo addaa akka argatan ni hojjeta;

21) Tooftaalee fi sagantaalee galii maddisiisanii fi hiyyummaa hir'isuu danda'an hojiirra oolchuun hojiiwwan misooma Magaalichaa fi jireenya ummatichaa fooyyessuuf gargaaran ni hojjeta; akka hojjetamu ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara;

22) Magaalicha keessatti carraawwan hojii bal'inaan akka uumamanii fi carraawwan hojii uumaman irraa dubartoonnii fi dargaggoonni baay'inaan hirmaachuun fayyadamaa akka ta'an ni hojjeta;

23) Hojiin misoomaa magaalicha keessatti gaggeeffamu kamiyyuu hirmaannaa fi fayyadamummaa qonnaan bulaa magaalichaa fi naannawa magaalichaa kan mirkaneesse akka ta'uuf ni hojjeta; qonnaan bultoota sababa misoomaatiif qe'ee fi qabeenya isaanii irraa buqqa'anii rakkoo diinagdee fi hawaasummaaf saaxilaman deebi'anii akka dhaabbatanii fi deeggaraman ni hojjeta; ni hordofa; ni deeggara;

24) Magaalichi qaamolee hojii qonnaa irratti bobba'aniif galtee qonnaa ammayyaa dhiyeessuun oomishaa fi oomishtummaan dabalee wabiin nyaataa ummata magaalichaa akka mirkanaa'u ni hojjeta; giddugala gabaa oomishaalee qonnaa akka hundaa'u ni taasisa; hojiiwwan qonna magaalaa gaggeeffaman magariisummaa fi hawwattummaa magaalichaa kan mirkaneessan akka ta'u ni hojjeta; ni hordofa; ni deeggara;

25) Namoota mana jireenyaa ijaarrachuuf waldaan gurmaa'uu barbaadan akkaataa seeraatiin ni galmeessa; ni gurmeessa; ragaa qaama seerummaa ni kenna; lafa mana jireenyaa akka argatan ni taasisa; mana jireenyaa akka ijaarrataniif ni hordofa; ni deeggara; dhaabbilee misooma manaa gaggeessan waliin akka walitti hidhaman ni taasisa;



Waajjira Pirezidaantii ... Mootummaa Naannoo Oromiyaa MANA GALMEE ARCHIVE The Oromia National Regional ... Office of the ...

26) Misooma manneenii irratti ni hirmaata; qaamolee adda addaa waliin michoomuun misooma manneenii ni gaggeessa; akka gaggeessan ni taasisa; ni bulcha; gatii madaalawaan fayyadamtootaaf akka darban ni taasisa; ragaa ammayyeessuun qindeessee ni qabata;

27) Manneen mootummaa magaalicha keessatti argaman bu'uura seeraatiin ni bulcha; kaartaa akka argatan ni taasisa; ni haaromsa; ni supha; akkaataa barbaachisummaa isaatti bu'uura seeraatiin misooma biroof akka oolu ni taasisa; inventerii manneen mootummaa ni gaggeessa; ragaa ammayyeessuun qindeessee ni qabata;

28) Hojiiwwan eegumsaa fi qulqullina naannoo kanneen akka balfa dhabamsiisuu, manca'iinsa naannoo to'achuu, sarara dhangala'aa fi bo'oo lolaa diriirsuu, misooma qarqara lageenii fi kanneen kana fakkaatan biroo karaa ammayyaa'aa fi hawwataa ta'een ni raawwata;

29) Magaalicha keessatti bulchiinsi gaarii fi ol'aantummaan seeraa akka mirkanaa'u ni hojjeta; sirna iftoominaa fi ittigaafatamummaa qabu ni diriirsa;

30) Tajaajila eegumsa nageenya ummataa, ittisa balaa ibiddaa, to'annoo dawaa fi nyaataa, dambii kabachiisuu fi kanneen kana fakkaatan biroo ni kenna;

31) Aadaa fi duudhaan bilisaan ummata tajaajiluu fi waldeeggaruu magaalicha keessatti akka dagaaguuf ni hojjeta;

32) Tajaajila hawaasummaa kan akka hojii barnootaa, fayyaa ittisa irratti xiyyeeffate, ittisa dhibee HIV/AIDS, tajaajila ambuulaansii, tajaajila galmeessa ragaalee adda addaa, bakka qalmaa, bakka awwaalchaa, gabaa fi kan kana fakkaataan ni kenna;

33) Kutaalee hawaasaa deeggarsa addaa barbaadan kanneen akka dubartootaa, maanguddootaa, qaama miidhamtootaa fi daa'imman haadhaa fi abbaa hin qabne haala itti deeggaramanii fi kunuunsa argatan ni mijeessa; qaama dhimmi isaa ilaallatu waliin qindoominaan ni hojjeta;

34) Ragaalee bu'uuraa sochii misoomaa taasifamaa jiruu fi carraawwan guddina magaalichaa karaa ammayyaa'een qindeessee ni qabata; ragaa fi odeeffannoon jiraattoota magaalichaa haala ammayyaa'aa ta'een qindeessee ni qabata; hojimaata dijiitaalawaatiin waraqaa eenyummaa ni kenna; tajaajila galmeessa siivilii haala ammayyaa'aa ta'een ni kenna;

35) Karoora hawaasummaa, diinagdee fi baajata Magaalichaa ni qopheessa; hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

36) Waliigaltee bittaa, gurgurtaa, kiraa fi kennaa manaa akkasumas manneen wabiin qabamanii ni galmeessa;

The Oromia National Regional Government Office of the President

37) Tajaajiloota mana qopheessaa mootummaan kennamanii fi kanneen mootummaa alaa qaama biraatiin kennamuu danda'an adda ni baasa; bu'a qabeessummaa isaa irratti hundaa'uun akkaataa seeraatiin qaama mootummaan ala jiruun akka kennamu ni taasisa; tajaajiloota kana akkaataa istaandardiitiin ni kenna; akka kennamu ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara;

38) Sirna qindaa'aa qabiinsa, dhabamsiisaa fi deebisanii faayidaa irra oolchuu balfa gogaa hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;

39) Manneen nyaataa fi dhugaatii, hoteelota, mana fincaanii ummataa fi dhaabbilee biroo irratti to'annoo ni gaggeessa; ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;

40) Baajata Magaalichaa akkaataa seeraatiin ni bulcha; galii gibiraa fi tajaajilaa akkaataa seeraatiin ni murteessa; walitti ni qaba; akka walitti qabamu ni taasisa; misoomaa fi guddina Magaalichaaf ni oolcha;

41) Murtii Mana Maree Magaalichaa fi Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin, akkaataa barbaachisummaa isaatti, maallaqa liqeeffachuun misooma magaalichaaf ni oolcha;

42) Hojiilee bulchiinsa magaalichaa keessatti akka hin raawwatamne dhorkaman adda baasee ni beeksisa; akka hin raawwatamne ni taasisa; ni hordofa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;

43) Faayidaa ummataatiif barbaachisaa ta'ee yammuu argamu akkaataa seeraatiin beenyaa madaalawaa dursa kaffaluun yookiin lafa bakka bu'uumsaa kennuun qabeenya dhuunfaa fuudhuun faayidaa ummataatiif ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa;

44) Dambii kanaa fi seerota rogummaa qaban biroo bu'uura godhachuun magaalota biyya keessaa yookiin biyya alaa waliin dhimmoota kanneen akka diinagdee, ogummaa teeknikaa, waljijjiirraa aadaa, tajaajila tola ooltummaa, dandeettii raawwachisummaa cimsuu akkasumas carraa turizimii fi invastimentii guddisuuf gargaaran irratti hariiroo obbolummaa uumuun ni hojjeta;

45) Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee wajjin dhimmoota misooma waloo, kenniinsa tajaajilaa, kunuunsa naannoo, nageenyaa fi tasgabbii, ol'aantummaa seeraa mirkaneessuu fi bu'uuraalee misoomaa diriirsuu irratti beekkamtii mootummaa naannichaatiin qindoominaan ni hojjeta;

46) Dhimmoota misoomaa fi nageenya waloo, eegumsa naannoo fi qabeenya uumamaa, oomishaalee qonnaa guddisuu fi kanneen walfakkaatan biroo irratti Godinaalee fi Aanaalee Bulchiinsa Magaalichaa daangessan waliin qindoominaan ni hojjeta;

47) Hooggansaa fi ogeessa dandeettii, gahumsaa fi naamusa ogummaa ol'aanaa qabanii fi teknolojii ammayyaa sadarkaa ol'aanaatti hojiirra oolchuu danda'an haala loogii irraa bilisa ta'e, iftoomina qabuu fi ittigaafatamummaa mirkaneessuun danda'amuun ni qacara; ni ramada; ni bulcha; ogeessonni ogummaa addaa biyya keessaa argamuu hin dandeenye magaalicha keessatti qacaramanii akka hojjetan ni taasisa; Raawwiin isaa Qajeelfama Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin bahuun kan murtaa'u ta'a;

48) Akkaataa seeraatiin qaamolee Mootummnaa, abbootii qabeenyaa dhuunfaa, waldaalee hawaasaa fi Magaalota biroo waliin walitti dhufeenya ni uuma; waliigaltee ni seena; misooma magaalichaa saffisiisuuf dhaabbilee dhuunfaa biyya keessaa fi biyya alaa adda addaa waliin michoomuun ni hojjeta;

49) Aangoo fi hojii seeraan kennameef hojiirra oolchuuf gurmaa'iinsa akkaataa sadarkaa magaalichaatiin hayyamamuuf ni gurmeessa; hojiirra ni oolcha;

50) Hojiiwwan biroo kaayyoo hundeeffama magaalichaa galmaan gahuuf barbaachisan kamiyyuu akkaataa seeraatiin ni raawwata.

## Kutaa Sadii

## Waa'ee Mana Maree Magaalichaa

### 12. Mana Maree Magaalichaa

1) Manni Maree Magaalichaa, Bulchiinsa Magaalichaa keessatti qaama aangoo ol'aanaadha.
2) Haala filannoo fi baay'ina miseensotaa, bara hojii, sirni walgahii fi ittiwaamamni Mana Maree Magaalichaa akkasumas sirni diigamiinsa isaa akkaataa Labsii Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi seerota biroo rogummaa qaabaniin kan raawwatamu ta'a.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Kutaaleen Magaalichaa baay'ina ummata qabaniin Mana Marichaa keessaa teessoo kan qabaatan ta'a.

### 13. Aangoo fi Hojii Mana Maree Magaalichaa

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma eegametti ta'ee, Manni Maree Magaalaa Shaggar aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Aangoo fi hojii akkaataa Dambii kanaatiin Bulchiinsa Magaalichaatiif kenname hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Manni Maree Magaalaa aangoo fi hojiiwwan armaan gadii ni qabaata:
   (a) Imaammata, tarsiimoo fi seerota Mootummaa Naannichaatiin bahan haala walsimuun dhimmoota Magaalichaa irratti tumaalee Magaalaa ni baasa;

(b) Karoora hawaas-diinagdee fi baajata Magaalichaa Kantiibaan dhiyaatuuf xiinxalee ni mirkaneessa; raawwii isaas ni hordofa;

(c) Akkaataa seeraatiin gibiraa fi kaffaltii tajaajilaa ni murteessa; sassaabamuu isaas ni mirkaneessa;

(d) Lafa Magaalicha keessatti argamu bu'uura seeraatiin buluu isaa ni hordofa; ni to'ata; bakka hanqinni jirutti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa;

(e) Gurmaa'insa caasaa bulchiinsa Magaalichaa ni raggaasisa; caaseffamaa fi sirna raawwii hojii qaamolee raawwachiisaa Magaalichaa ni murteessa; raawwii isaanis ni hordofa;

(a) Koreewwan Dhaabbii Mana Marichaa ni hundeessa; miseensota isaa miseensota Mana Marichaa keessaa ni moggaasa; haala hojii isaanii ni murteessa; koreewwan adda addaa aangoo fi hojii Mana Marichaa hojiirra oolchuuf gargaaran ni hundeessa;

(f) Afyaa'ii, Itti Aanaa Afyaa'ii fi Barreessaa Mana Marichaa miseensota Mana Marichaa keessaa ni filata; haala hojii isaas ni murteessa; waajjira Mana Marichii ni hundeessa;

(g) Kantiibaa Magaalichaan yammuu dhiyaatuuf muudama Miseensota Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaa ni mirkaneessa;

(h) Sadarkaa qulqullina tajaajiloota mana qopheessaa fi kaffaltii tajaajilaa qoratamee dhiyaatuuf ni mirkaneessa;

(i) Baajata waggaa Magaalichaa fi Kutaalee Magaalaa dhiyaatuuf qoratee ni raggaasa;

(j) Gabaasa qaamolee mootummaa irraa dhiyaatu qoratee ni murteessa;

(k) Waliigaltee liqii Mana Maree Bulchiinsaa Magalichaatiin mirkanaa'ee dhiyaateef qoratee ni raggaasa; gaaffiin liqii Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin yammuu hayyamamu hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;

(l) Dambii keessoo adeemsa hojii fi naamusa miseensota Mana Marichaa ni baasa; hojiirra ni oolcha; raawwii isaa ni hordofa.

**14. Afyaa'ii, Itti Aanaa Afyaa'ii fi Barreessaa Mana Maree Magaalichaa**

Muudamni, barri hojii, ittiwaamamni, aangoo fi gaheen hojii Afyaa'ii, Itti Aanaa Afyaa'ii fi Barreessaa Mana Maree Magaalichaa akkaataa Labsii Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin kan murtaa'u ta'a.

## Kutaa Afur

## Qaamolee Raawwachiisaa Bulchiinsa Magaalichaa

**15. Waliigala**

Qaamoleen raawwachiisaa Bulchiinsa Magaalichaa kanneen armaan gadii ta'u:

1) Kantiibaa;

2) Itti Aantota Kantiibaa;

Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa
The Oromia National Regional Government Office
MANA GALMEE ARCHIVE

3) Mana Maree Bulchiinsaa;
4) Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Magaalaa;
5) Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Magaalaa;
6) Waajjiraalee Qaama Raawwachiisaa Magaalichaa kan biroo.

16. **Kantiibaa Magaalichaa**

1) Kantiibaan Magaalichaa Pirezidaantii Naannichaan dhiyaatee Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin kan muudamu ta'a.
2) Barri hojii Kantiibaa Magaalichaa bara hojii Mana Maree Magaalichaa ta'a.
3) Ittiwaamamni Kantiibaa Magaalichaa Mana Maree Magaalichaa fi Pirezidaantichaaf ta'a.
4) Kantiibaan hoogganaa fi hojii raawwachiisaa ol'aanaa Buchiinsa Magaalichaati.
5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 4 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Kantiibaan Magaalichaa aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:
   (a) Pirezidaanticha bakka bu'uudhaan Magaalicha ni bulcha;
   (b) Sochii manneen hojii mootummaa Magaalicha keessatti argaman ni hordofa; ni qindeessa; gabaasa ni fudhata; deeggarsa adda addaa ni kenna;
   (c) Humnoota nageenyaa fi poolisii, nageenya magaalichaa eeganii fi seeraa fi sirna magaalichaa kabachiisan ol'aantummaan ni hooggana; ni to'ata;
   (d) Hojii sadarkaalee bulchiinsaa biroo Magaalicha keessatti argaman ni qindeessa;
   (e) Sochii hojii Magaalichaa hordofee Pirezidaantii fi Mana Maree Bulchiinsaa Naannichaatiif yeroo yerootti gabaasa ni dhiyeessa;
   (f) Magaalicha keessatti Heeraa fi sirni Heeraa, akkasumas seerri kabajamuu isaa ni mirkaneessa;
   (g) Imaammata, tarsiimoo fi seerota Naannichaa fi akka biyyaatti bahanii fi murteewwan Mana Maree Magaalichaa fi Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin murtaa'an ni raawwata; ni raawwachiisa; gabaasa raawwii hojii yeroo yeroon Mana Marichaa fi Pirezidaantiif ni dhiyeessa;
   (h) Bulchiinsa Magaalichaa bakka bu'uudhaan qaamolee adda addaa waliin walqunnamtii hojii ni taasisa; Magaalicha bakka ni bu'a; walgahii irratti ni hirmaata;
   (i) Miseensota Mana Maree Bulchiinsaa filachuun Mana Maree Magaalichaatiif dhiyeessuun muudama isaanii ni raggaasisa; hojii isaanii bu'uura seeraatiin ni hooggana;
   (j) Dandeettii ogummaa fi gahumsa hooggansaa irratti hundaa'uudhaan Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Magaalaa filachuun Mana Maree Magaalichaatiif dhiyeessuun muudama isaa ni raggaasisa;

(k) Tajaajilli Magaalichaa dhaqqabamaa, bu'a qabeessaa fi haqa qabeessa ta'e karaa si'oominaa fi qulqullina qabuun dhiyaachuu isaa ni mirkaneessa; ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni argametti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata yookiin akka fudhatamu ni taasisa;

(l) Tajaajilli mana qopheessaa sadarkaa isaa eeggatee fi haqa qabeessa ta'e hojiirra ooluu isaa ni mirkaneessa; ni hordofa; ni deeggara;

(m) Sirna keessummeessa komii ni diriirsa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa; komii dhiyaatu ni simata; furmaata ni kenna;

(n) Ayyaana akka naannoo, biyyaa fi ummataatti kabajamu irratti Magaalicha bakka ni bu'a;

(o) Karooraa fi baajata Magaalichaa Mana Maree Bulchiinsaa waliin mari'achuun qopheessee Mana Maree Magaalichaatiif ni dhiyeessa; yammuu ragga'u hojiirra ni oolcha; akka hojiirra oolu ni taasisa;

(p) Ummanni karoora, baajata, akkasumas raawwii hojii fi dhimmoota biroo Magaalicha ilaallatan irratti akka hirmaachuu danda'u qaamolee dhimmi ilaallatu waliin mari'achuun waltajjii ni qopheessa;

(q) Gosaa fi hanga deeggarsa bulchiinsa Magaalichaaf barbaachisu Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaan irratti mari'achuun mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa;

(r) Wixinee tumaalee magaalaa qopheessuun mana maree Bulchiinsaa magaalichaan irratti mari'achuun Mana Maree Magaalichaatiin akka ragga'u ni dhiyeessa;

(s) Waajjira isaa ni gurmeessa;

(t) Hojiiwwan biroo Pirezidaantii fi Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin kennamaniif ni raawwata; ni raawwachiisa.

**17. Itti Aanaa Kantiibaa**

1) Magaalichi akkaataa barbaachisummaa isaatti Itti Aantota Kantiibaa dabalataa qabaachuun isaa akkuma eegametti ta'ee, Itti Aaantota Kantiibaa Kilaatarawwan armaan gadii hoogganan kan qabaatu ta'a:
   (a) Kilaastara Qonnaa fi Misoomaa;
   (b) Kilaastara Diinagdee;
   (c) Kilaastara Bulchiinsaa fi Tajaajilaa.
2) Itti Aantonni Kantiibaa Magaalichaa Pirezidaantii Naannichaan dhiyaatanii Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaan kan muudaman ta'u.
3) Ittiwaamamni Itti Aantota Kantiibaa Magaalichaa Kantiibaa Magaalichaaf ta'a.
4) Barri hojii Itti Aantota Kantiibaa Magaalichaa bara hojii Mana Maree Magaalichaa ta'a.

5) Itti Aanaa Kantiibaan aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

(a) Bakka Kantiibaan hin jirretti yookiin yeroo hojii hojjechuu hin dandeenyetti Kantiibaa Magaalichaa bakka bu'ee ni hojjeta;

(b) Kilaastara irratti muudame ni hooggana;

(c) Hojiiwwan biroo Mana Maree Magaalichaa yookiin Kantiibaa Magaalichaan kennamuuf ni raawwata.

**18. Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaa**

1) Miseensonni Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaa Kantiibaan dhiyaatanii Mana Maree Magaalichaan kan muudaman ta'ee, miseensota armaan gadii ni qabaata:

(a) Kantiibaa;

(b) Itti Aantota Kantiibaa;

(c) Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa;

(d) Ittigaafatamaa Waajjira Misooma Qonnaa Magaalaa;

(e) Ittigaafatamaa Waajjira Misooma, Bulchiinsaa fi Dabarsa Manneenii;

(f) Ittigaafatamaa Waajjira Lafaa;

(g) Ittigaafatamaa Waajjira Karooraa fi Misoomaa;

(h) Ittigaafatamaa Waajjira Kantiibaa;

(i) Ittigaafatamaa Waajjira Paabiliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa;

(j) Ittigaafatamaa Waajjira Barnootaa;

(k) Ittigaafatamaa Waajjira Fayyaa;

(l) Ittigaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa;

(m) Ittigaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenyaa;

(n) Ittigaafatamaa Waajjira Bishaanii fi Inarjii;

(o) Ittigaafatamaa Waajjira Maallaqaa;

(p) Ittigaafatamaa Waajjira Aadaa fi Turizimii;

(q) Ittigaafatamaa Waajjira Invastimentii fi Industirii;

(r) Ittigaafatamaa Waajjira Dargaggoo fi Ispoortii;

(s) Ittigaafatamaa Waajjira Daldalaa;

(t) Ittigaafatamaa Waajjira Galiiwwanii;

(u) Ittigaafatamaa Waajjira Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa;

(v) Ittigaafatamaa Waajjira Kominikeeshinii;

(w) Ittigaafatamaa Waajjira Daandii fi Loojistiksii;

(x) Ittigaafatamaa Waajjira Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa;

(y) Ittigaafatamaa Waajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii;

(z) Ittigaafatamaa Waajjira Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa.

Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa MANA GALMEE ARCHIVE Oromia National Regional State Office of the President

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(a - z) jalatti kan tumame jiraatus, Manni Maree Bulchiinsaa Magaalichaa baay'ina miseensota isaa akkaataa barbaachisummaa isaatti dabaluu yookiin hir'isuu ni danda'a.
3) Miseensonni Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaa murtii kennaniif ittigaafatamummaa qeenxee fi waloo ni qabaatu.
4) Barri hojii Mana Maree Bulchiinsaa bara hojii Mana Marichaa ta'a.
5) Ittiwaamamni Mana Maree Bulchiinsaa Kantiibichaa fi Mana Maree Magaalichaatiif ta'a.

**19. Aangoo fi Hojii Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaa**

Manni Maree Bulchiinsaa Magaalichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Seerota, murtiiwwanii fi sadarkaalee Mootummaa Naannichaan bahanii fi murtiiwwanii fi sadarkaalee Mana Maree Magaalichaan bahan hojiirra ooluu isaanii ni hordofa; ni mirkaneessa; Heeraa fi sirna Heeraa, akkasumas seera ni kabajichiisa;
2) Yaada wixinee tumaalee magaalaa ni burqisiisa;
3) Hojii mootummaa Magaalicha keessatti hojjetamu ni gaggeessa; ni qindeessa;
4) Baajataa fi karoora waggaa Magaalichaa qopheessuun irratti mari'atee Mana Maree Magaalichaaf ni dhiyeessa; yammuu ragga'u hojiirra ni oolcha;
5) Yaada jiraattotaa, mijaa'ina dhiyeessii tajaajilaa, karoora misoomaa magaalichaa fi baay'ina ummataa giddugaleessa godhachuun gurmaa'insa bulchiinsa magaalichaa sadarkaa kutaa magaalaa yookiin aanaa magaalaa haaraa hundeessuun yookiin irradeebiin gurmeessuun barbaachisaa ta'ee yoo argame qoratee yookiin qorachiisee qaama dhimmi isaa ilaallatuuf dhiyaatee yoo mirkanaa'e hojiirra ni oolcha;
6) Tarsiimoo misooma hawaasummaa fi diinagdee Magaalichaa, akkasumas sagantaalee hojii ni qopheessa; yammuu ragga'u ni raawwachiisa;
7) Hojiiwwan biroo Mana Maree fi Kantiibaa Magaalichaatiin kennamuuf ni raawwata.

**20. Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Magaalichaa**

1) Hoji-gaggeessaan Mana Qopheessaa Magaalichaa dandeettii ogummaa fi gahumsa gaggeessummaa qabuun madaalamee kan muudamu ta'a.
2) Ittiwaamamni Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Magaalichaa Kantiibaa Magaalichaatiif ta'a.
3) Hoji-gaggeessaan Mana Qopheessaa Magaalichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:
   (a) Hojii raawwachiisaa tajaajila magaalaa ta'uun ni hojjeta;
   (b) Hojii tajaajiloota mana qopheessaa Magaalichaa ni gaggeessa; ni qindeessa;
   (c) Sadarkaalee fi haalawwan raawwii kenniinsa tajaajilaa agarsiisan qopheessee Kantiibichaaf ni dhiyeessa; yammuu ragga'u raawwii isaa ni mirkaneessa;

(d) Imaammanni, seeronnii fi sadarkaaleen Mootummaa Naannichaatiin bahan, akkasumas murtiiwwan Mana Maree Magaalichaa damee tajaajila magaalaa keessatti hojiirra ooluu isaa ni mirkaneessa;

(e) Koree Manaajimantii ittigaafatamtoota qaamolee tajaajiloota magaalaa kan of keessaa qabu gurmeessee ni gaggeessa;

(f) Ittigaafatamtoota qaamolee tajaajila Magaalichaa ni ramada;

(g) Hojjettoota qaamolee tajaajiloota mana qopheessaa Magaalicha keessa hojjetan bu'uura seeraatiin ni qaxara; ni bulcha; ni gaggeessa;

(h) Ogeessota dandeettii qaban akkaataa seeraatiin filachuun hojii gaggeessitoota mana qopheessaa Kutaa Magaalaa ta'anii akka qaxaraman ni taasisa; ni bulcha; hojiirraa ni gaggeessa;

(i) Hoji-gaggeessitoota mana qopheessaa kutaa magaalaa irraa gabaasa waggaa fi barbaachisaa ta'ee yoo argame gabaasa yeroo yeroon ni fudhata; qoratee murtee ni kenna;

(j) Hundeeffama qaamolee tajaajiloota mana qopheessaa dhiyeessanii fi filannoo tooftaalee dhiyeessii tajaajila adda addaa ilaalchisee Kantiibichaaf yaada ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha;

(k) Safartuuwwanii fi qajeelfamoota dhiyeessii tajaajilaa qindeessee Kantiibichaaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;

(l) Tajaajila mana qopheessaa sadarkaa guutuu magaalichaa fi kutaa magaalichaa walqunnamsiisan ilaalchisee karooraa fi baajata Kantiibaaf ni dhiyeessa; yeroo mirkanaa'e hojiirra ni oolcha;

(m) Tajaajilli mana qopheessaa teknolojiin deeggarame, si'oominaa fi iftoomina qabu akkasumas haqa qabeessa ta'e magaalicha keessatti kennamuu isaa ni mirkaneessa; ni hordofa; ni deeggara;

(n) Murteewwan tajaajila mana qopheessaa ilaallatan hojiirra ni oolcha;

(o) Gabaasa raawwii hojii Kantiibaa Magaalichaaf ni dhiyeessa;

(p) Tajaajiloota mana qopheessaa irratti iyyannoo jiraattota magaalaatiin dhiyaatu simachuun ni keessummeessa; gaaffiiwwan dhiyaataniif hatattamaan furmaata ni kenna;

(q) Hojiiwwan biroo Kantiibaa Magaalichaatiin kennamaniif ni raawwata.

4) Hoji-gaggeessaan mana qopheessaa Magaalichaa walgahiiwwan Mana Maree Magaalichaa irratti sagalee malee hirmaachuu ni danda'a.

**21. Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Magaalichaa**

1) Manni Qopheessaa Magaalichaa Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa tokkoo ol qabaachuu ni danda'a.

2) Itti Aanaa Hoji-gaggeessaan Mana Qopheessaa Magaalichaa Kantiibaa Magaalichaatiin dhiyaatee Mana Maree Bulchiinsaatiin kan muudamu ta'a.
3) Ittiwaamamni Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa, Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Magaalichaatiif ta'a.

**22. Aangoo fi Hojii Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Magaalichaa**

Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Magaalichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa fi qindeessaa damee ta'ee ni hojjeta:
2) Bakka Hoji-gaggeessaan Mana Qopheessaa Magaalichaa hin jirretti yookiin yeroo hojii isaa hojjechuu hin dandeenyeetti Hoji-gaggeessicha bakka bu'uun ni hojjeta;
3) Hojii damee isaa fi hojii adda bahee Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Magaalichaatiin kennamuuf ni raawwata.

**23. Waajjiraalee Qaama Raawwachiisaa Magaalichaa**

Magaalaan Shaggar waajjiraalee qaama raawwachiisaa armaan gadii sadarkaa Bulchiinsa Magaalichaatti ni qabaata:

1) Waajjira Kantiibaa;
2) Waajjira Mana Qopheessaa;
3) Waajjira Misooma, Bulchiinsaa fi Dabarsa Manneenii;
4) Waajjira Misooma Qonnaa;
5) Waajjira Lafaa;
6) Waajjira Paabiliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa;
7) Waajjira Barnootaa;
8) Waajjira Fayyaa;
9) Waajjira Abbaa Alangaa;
10) Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenyaa;
11) Waajjira Bishaanii, Albuudaa fi Inarjii;
12) Waajjira Maallaqaa;
13) Waajjira Aadaa fi Turizimii;
14) Waajjira Invastimentii fi Industirii;
15) Waajjira Dargaggoo fi Ispoortii;
16) Waajjira Daldalaa;
17) Waajjira Galiiwwanii;
18) Waajjira Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa;
19) Waajjira Kominikeeshinii;
20) Waajjira Daandii fi Loojistiksii;
21) Waajjira Geejjibaa;
22) Waajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii;

23) Waajjira Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa;

24) Waajjira Karooraa fi Misoomaa;

25) Waajjira Kaadaastaraa;

26) Buusaa Gonofaa Magaalichaa;

27) Waajjira Kaafamtoota Misoomaa;

28) Qajeelcha Poolisii;

29) Mana Sirreessaa;

30) Waajjira Eegumsa Naannoo;

31) Waajjira Saayinsii fi Teknolojii;

32) Waajjira Konistiraakshinii;

33) Waajjira Babal'ina Waldaalee Hojii Gamtaa;

34) Waajjira Galmeessa Siivilii;

35) Waajjira Milishaa;

36) Waajjira Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa;

37) Waajjira Misooma Jallisii.

**24. Ittiwaamama Manneen Hojii Qaama Raawwachiisaa**

Waajjiraaleen qaama raawwachiisaa sadarkaa Magaalaa, Kutaa Magaalaa fi Aanaa Magaalaa akkaataa walduraa duuba isaatiin Kantiibaa akkasumas mana hojii isaanii sadarkaa olii jiruuf kan ittiwaamaman ta'a.

**25. Muudamaa fi Ittiwaamama Ittigaafatamaa fi Itti Aanaa Ittigaafatamaa Waajjiraalee Magaalichaa**

1) Dambii kana Keewwata 18 Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, ittigaafatamtoonni waajjiraalee magaalichaa miseensota Mana Maree Bulchiinsaa hin taane, Kantiibaa Magaalichaatiin dhiyaatanii Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaatiin kan muudaman ta'u.

2) Itti Aanaan Ittigaafatamaan Waajjiraalee magaalichaa Kantiibaa Magaalichaatiin dhiyaatanii Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaatiin kan muudaman ta'u.

3) Ittiwaamamni ittigaafatamtoota waajjiraalee Magaalichaa Kantiibaa Magaalichaatiif ta'a.

4) Ittiwaamamni Itti Aanaa Waajjiraalee Magaalichaa Ittigaafatamaa Waajjirichaatiif ta'a.

## Kutaa Shan

## Qaamolee Raawwachiisaa Kutaa Magaalaa

**26. Aangoo fi Hojiin Kutaa Magaalaa**

Kutaan Magaalaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata;

1) Daangaa bulchiinsaa adda bahee kennameef keessatti tajaajiloota mana qopheessaa ni kenna; akkasumas bulchiinsa magaalichaa waliin qindoominaan ni hojjeta;

2) Daangaa bulchiinsa isaa keessatti seeraa fi sirna seeraa ni kabachiisa;

3) Aanaalee magaalaa isa jala jiran ni bulcha; ni hordofa; ni deeggara;
4) Hojiiwwan qaama raawwachiisaa ilaallatan sadarkaa Kutaa Magaalaatti ni hojjeta;
5) Hojiiwwan biroo Kantiibaa Magaalichaa fi Bulchiinsa Magaalichaa irraa kennamuuf ni raawwata;
6) Aangoo abbaa seerummaa Mana Murtii Aanaatiif seerota rogummaa qabaniin kennameef ni qabaata.

27. **Miseensota Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalaa**

1) Miseensonni Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalichaa Bulchaa Kutaa Magaalichaatiin dhiyaatanii Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalichaan kan muudaman ta'ee, miseensota armaan gadii ni qabaata:
   (a) Bulchaa;
   (b) Itti Aanaa Bulchaa;
   (c) Ittigaafatamaa Waajjira Misooma, Bulchiinsaa fi Dabarsa Manneenii;
   (d) Ittigaafatamaa Waajjira Misooma Qonnaa;
   (e) Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa;
   (f) Ittigaafatamaa Waajjira Lafaa;
   (g) Ittigaafatamaa Waajjira Bulchaa;
   (h) Ittigaafatamaa Waajjira Paabiliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa;
   (i) Ittigaafatamaa Waajjira Barnootaa;
   (j) Ittigaafatamaa Waajjira Fayyaa;
   (k) Ittigaafatamaa Waajjira Abbaa Alangaa;
   (l) Ittigaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenyaa;
   (m) Ittigaafatamaa Waajjira Bishaanii fi Inarjii;
   (n) Ittigaafatamaa Waajjira Maallaqaa;
   (o) Ittigaafatamaa Waajjira Dargaggoo fi Ispoortii;
   (p) Ittigaafatamaa Waajjira Daldalaa;
   (q) Ittigaafatamaa Waajjira Galiiwwanii;
   (r) Ittigaafatamaa Waajjira Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa;
   (s) Ittigaafatamaa Waajjira Kominikeeshinii;
   (t) Ittigaafatamaa Waajjira Daandii fi Loojistiksii;
   (u) Ittigaafatamaa Waajjira Karooraa fi Misoomaa;
   (v) Ittigaafatamaa Waajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii;
   (w) Ittigaafatamaa Waajjira Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(a - w) jalatti kan tumame jiraatus, Manni Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalichaa baay'ina miseensota isaa akkaataa barbaachisummaa isaatti dabaluu yookiin hir'isuu ni danda'a.

3) Miseensonni Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalaa murtii kennaniif ittigaafatamummaa qeenxee fi waloo ni qabaatu.

4) Barri hojii Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalaa bara hojii Mana Marichaa ta'a.

5) Ittiwaamamni Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalaa Bulchaa Kutaa Magaalichaa fi Kantiibaa Magaalichaatiif ta'a.

28. **Aangoo fi Hojii Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalichaa**

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma jirutti ta'ee, Manni Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Seerota, murtiiwwanii fi sadarkaalee Mootummaa Naannichaa fi Mana Maree Magaalichaatiin bahan hojiirra ni oolcha; hojiirra ooluu isaa ni mirkaneessa; ni hordofa; ni deeggara;
2) Kutaa Magaalichaa keessatti heeraa fi sirna heeraa, akkasumas seera ni kabachiisa;
3) Hojii mootummaa Kutaa Magaalichaa keessatti hojjetamu ni gaggeessa; ni qindeessa;
4) Baajataa fi karoora waggaa Kutaa Magaalichaa akkaataa karoora magaalichaan walsimuun qopheessuun irratti mari'atee Mana Maree Magaalichaaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
5) Yaada jiraattotaa, mijaa'ina dhiyeessii tajaajilaa, karoora misoomaa magaalichaa fi baay'ina ummataa giddugaleessa godhachuun gurmaa'insa Kutaa Magaalichaa sadarkaa Aanaa Magaalaa haaraa hundeessuun yookiin irradeebiin gurmeessuun barbaachisaa ta'ee yoo argame gaafficha qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
6) Tarsiimoo misooma hawaasummaa fi diinagdee Kutaa Magaalichaa, akkasumas sagantaalee hojii ni qopheessa; yammuu ragga'u ni raawwata; ni raawwachiisa;
7) Daangaa bulchiinsaa adda bahee kennameef keessatti tajaajilli mana qopheessaa sirnaan akka kennamu ni taasisa; ni hordofa; ni deeggara; bulchiinsa magaalichaa waliin qindoominaan ni hojjeta;
8) Aanaalee Magaalaa Kutaa Magaalichaa jala jiran ni bulcha;
9) Hojiiwwan biroo Kantiibaa Magaalichaa fi Bulchaa Kutaa Magaalichaa irraa kennamuuf ni raawwata.

29. **Bulchaa Kutaa Magaalaa**

1) Bulchaan Kutaa Magaalichaa Kantiibaa Magaalichaatiin dhiyaatee Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaan kan muudamu ta'a.
2) Ittiwaamamni Bulchaa Kutaa Magaalichaa Kantiibaa fi Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaatiif ta'ee, Kutaa Magaalichaa ni gaggeessa.
3) Barri hojii bulchaa Kutaa Magaalichaa bara hojii Mana Maree Magaalichaa ta'a.

4) Bulchaan Kutaa Magaalaa aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:
   (a) Baajataa fi karoora waggaa Magaalichaa bu'uureeffachuun kan Kutaa Magaalichaa ni qopheessa; Mana Maree Bulchiinsaatiin erga irratti mari'atameen booda Mana Maree Magaalaatiif dhiyeessee ni raggaasisa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
   (b) Kutaa Magaalichaa keessatti seeraa fi sirna ni kabachiisa; rakkoon nageenyaa humna Kutaa Magaalichaatii ol ta'e yoo qunname Kantiibaa ni beeksisa;
   (c) Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalichaa walitti ni qaba; ni qindeessa; ni gaggeessa;
   (d) Gabaasa hoji-gaggeessaa Kutaa magaalichaa irraa dhiyaatu ni dhaggeeffata; qoratee murtii ni kenna;
   (e) Tajaajilonni mana qopheessaa Kutaa Magaalichaatiin kennaman si'oomina, hammayyaa'aa fi qulqullina kan qaban ta'uu isaa ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; Kantiibaaf ni gabaasa;
   (f) Sirna kabaja ayyaana ummataa akka Naannoo fi biyyaatti jiran irratti Kutaa Magaalichaa bakka ni bu'a;
   (g) Gabaasa raawwii hojii yeroo yeroodhaan Kantiibaa fi Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalichaatiif ni dhiyeessa;
   (h) Hojiiwwan biroo Mana Maree fi Kantiibaa Magaalichaatiin kennamaniif ni raawwata.

**30. Itti Aanaa Bulchaa**

1) Itti Aanaan Bulchaa Kutaa Magaalichaa Kantiibaa Magaalichaatiin dhiyaatee Mana Maree Bulchiinsaa Magaalichaatiin kan muudamu ta'a.
2) Ittiwaamamni Itti Aanaa Bulchaa Kutaa Magaalichaa Bulchaa Kutaa Magaalichaatiif ta'a.
3) Barri hojii Itti Aanaa Bulchaa Kutaa Magaalichaa bara hojii Mana Maree Magaalichaa ta'a.
4) Itti Aanaan Bulchaa Kutaa Magaalaa Aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:
   (a) Bakka Bulchaan Kutaa Magaalichaa hin jirretti yookiin yeroo hojii hojjechuu hin dandeenyeetti bakka bu'uun ni hojjeta;
   (b) Hojiiwwan biroo Bulchaa Kutaa Magaalichaatiin kennamuuf ni raawwata.

**31. Hoji-gaggeessaa fi Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Kutaa Magaalaa**

1) Hoji-gaggeessaa fi Itti Aanaa Hoji-gaggeessaan Mana Qopheessaa Kutaa Magaalaa dandeettii ogummaa fi gahumsa gaggeessummaa qabuun madaalamee Bulchaa Kutaa Magaalichaatiin Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalaatiif dhiyaatee erga mirkanaa'een booda Kantiibaa Magaalaatiin kan muudamu ta'a.

2) Ittiwaamamni Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalaa Bulchaa Kutaa Magaalichaa fi Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Magaalichaaf ta'a;
3) Ittiwaamamni Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalaa Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalichaatiif ta'a.

32. Aangoo fi Gahee Hojii Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalaa

Hoji-gaggeessaan kutaa Magaalaa aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojii tajaajiloota Mana Qopheessaa Kutaa Magaalaa ni raawwata; ni raawwachiisa; ni gaggeessa; ni qindeessa;
2) Hoji-gaggeessaa Mana qopheessaa Magaalichaa waliin ta'uun Kutaa Magaalaa fi Aanaa Magaalaa keessatti tajaajiloota Kutaa Magaalaatiif tooftaalee hojii adda addaa akka hojiirra oolan yaada ni dhiyeessa; yammuu hayyamame hojiirra ni oolcha;
3) Imaammanni, seeronnii fi sadarkaaleen Mootummaa Naannichaan bahan, akkasumas murtiiwwan Mana Maree Magaalichaa damee tajaajilaa Kutaa Magaalaa keessatti hojiirra ooluu isaa ni mirkaneessa;
4) Karoora Mana Qopheessaa Magaalichaa irratti hundaa'uun karoora hojii Mana Qopheessaa Kutaa Magaalaa qopheessee Bulchaa Kutaa Magaalichaaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
5) Raawwii hojii isaa ilaalchisee Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Magaalichaa fi Bulchaa Kutaa Magaalichaatiif gabaasa hojii ni dhiyeessa;
6) Kutaa Magaalichaa keessatti dhimmoota tajaajiloota ilaallatan irratti murtee ni kenna;
7) Ittigaafatamtoota qaamolee tajaajila Kutaa Magaalaa ni ramada; ni bulcha; Koree Manaajimantii ittigaafatamtoota qaamolee tajaajiloota Kutaa Magaalaa kan of keessaa qabu gurmeessee ni gaggeessa;
8) Hojjettoota qaamolee tajaajiloota Mana Qopheessaa Kutaa Magaalicha keessa hojjetan bu'uura seeraatiin ni qaxara; ni bulcha; ni gaggeessa;
9) Hundeeffama qaamolee tajaajiloota Mana Qopheessaa dhiyeessanii fi filannoo tooftaalee dhiyeessii tajaajila adda addaa ilaalchisee Bulchaaf yaada ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha;
10) Tajaajiloota Mana Qopheessaa ilaalchisee iyyata jiraattotaan dhiyaatu iftoominaan ni keessummeessa; gaaffilee dhiyaataniif deebii hatattamaa ni kenna; akka kennamu ni taasisa;
11) Tajaajiloota Mana Qopheessaa ilaalchisee gabaasa raawwii hojii fi faayinaansii yeroo yeroon Bulchaaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
12) Hojiilee dabalataa biroo Bulchaa Kutaa Magaalaa fi Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Magaalichaatiin kennamuuf ni raawwata;

33. Aangoo fi Hojii Itti Aanaa Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalaa

Itti Aanaa Hoji-gaggeessaan Mana Qopheessaa Kutaa Magaalaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Itti Aanaa hoji-gaggeessaa fi qindeessaa damee ta'ee ni hojjeta.
2) Bakka Hoji-gaggeessaan Mana Qopheessaa Kutaa Magaalaa hin jirretti yookiin hojii hojechuu hin dandeenyeetti Hoji-gaggeessaa bakka bu'uun ni hojjeta.
3) Hojiiwwan biroo adda bahee Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa Kutaa Magaalaatiin kennamuuf ni hojjeta.

34. Waajjiraalee Qaama Raawwachiisaa Kutaa Magaalichaa

Waajjiraaleen qaama Raawwachiisaa Kutaa Magaalaa kanneen armaan gadii ta'u:

1) Waajjira Bulchaa;
2) Waajjira Mana Qopheessaa;
3) Waajjira Misooma, Bulchiinsaa fi Dabarsa Manneenii;
4) Waajjira Misooma Qonnaa;
5) Waajjira Lafaa;
6) Waajjira Kaadastaraa;
7) Waajjira Paabiliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa;
8) Waajjira Barnootaa;
9) Waajjira Fayyaa;
10) Waajjira Abbaa Alangaa;
11) Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenyaa;
12) Waajjira Bishaanii, Albuuda fi Inarjii;
13) Waajjira Maallaqaa;
14) Waajjira Dargaggoo fi Ispoortii;
15) Waajjira Daldalaa;
16) Waajjira Galiiwwanii;
17) Waajjira Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa;
18) Waajjira Daandii fi Loojistiksii;
19) Waajjira Geejjibaa;
20) Waajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii;
21) Waajjira Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa;
22) Buusaa Gonofaa Kutaa Magaalichaa;
23) Waajjira Poolisii;
24) Waajjira Eegumsa Naannoo;
25) Waajjira Konistiraakshinii;
26) Waajjira Babal'ina Waldaalee Hojii Gamtaa;
27) Waajjira Galmeessa Siivilii;

28) Waajjira Milishaa;

29) Waajjira Saayinsii fi Teknolojii.

35. **Muudamaa fi Ittiwaamama Ittigaafatamtootaa fi Itti Aantota Waajjiraalee Kutaa Magaalaa**

1) Dambii kana Keewwata 27 Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Ittigaafatamtoonnii fi Itti Aantonni waajjiraalee Kutaalee Magaalichaa Bulchaa Kutaa Magaalichaatiin dhiyaatanii Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalichaatiin kan muudaman ta'u.

2) Ittiwaamamni ittigaafatamtoota waajjiraalee Kutaa Magaalichaa Bulchaa Kutaa Magaalichaatiif ta'a.

3) Ittiwaamamni Itti Aanaa Waajjiraalee Kutaa Magaalichaa Ittigaafatamaa Waajjirichaatiif ta'a.

**Kutaa Jaha**

**Bulchiinsa Aanaa Magaalaa**

36. **Gurmaa'insa Bulchiinsa Aanaa Magaalaa**

Bulchiinsi Aanaa Magaalaa qaamolee armaan gadii ni qabaata:

1) Mana Maree Aanaa Magaalaa;

2) Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalaa; fi

3) Mana Murtii Hawaasummaa.

37. **Aangoo fi Hojii Aanaa Magaalaa**

Aanaan Magaalaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Aangoo fi hojii Kutaa Magaalaa qooddachuun ni hojjeta;

2) Giddugala misoomaa fi hirmaannaa ummataa kallattii ta'uu fi tajaajiloota bu'uuraa sadarkaa Aanaa Magaalichaatti kennamuu danda'aniif wiirtuu ta'uun ni tajaajila; jiraattonni Aanaa Magaalichaa tajaajila dhiyeenyatti akka argatan haala ni mijeessa;

3) Aanaa Magaalichaa wiirtuu dhaabbilee daldalaa maayikiroo fi xixiqqaa, misooma naannoo, barnoota bu'uuraa fi sadarkaa tokkoffaa, akkasumas tajaajila eegumsa fayyaa bu'uuraa taasisuun ni hojjeta;

4) Seeronni hojiirra ooluu isaanii ni hordofa; seeraa fi sirna ni kabachiisa; ijaarsa seeraan alaa ni to'ata; nageenya Aanaa Magaalichaa ni eegsisa; Dambii Kabachiisaa ni qabaata;

5) Ragaa hawaasummaa barbaachisaa ta'an qulqulleessee Kutaa Magaalaatiif ni erga;

6) Hojiiwwan hirmaannaa ummataatiin hojjetaman ni qindeessa; ni hordofa;

7) Hojiiwwan bu'uuraalee misoomaa, qulqullinaa fi bareedina magaalaa irratti to'annaa fi hordoffii ni gaggeessa;

8) Galii magaalaa ni sassaaba; deeggarsa barbaachisaa ta'e ni taasisa;

9) Qabeenya Aanaa Magaalichaa ni bulcha; ni to'ata;

10) Ragaa barbaachisaa ta'e qindeessee ni qabaata; qaama barbaaduufis qindeessee ni dabarsa;

11) Manneen Gandaa ni bulcha; ni to'ata; ragaa isaanii qindeessee ni qabata;

12) Tajaajiloota iftoominaa fi si'oomina qabu kennamuu isaa ni hordofa;

13) Hojiiwwan biroo Magaalaan yookiin Kutaa Magaalaan kennamuuf ni hojjeta.

**38. Mana Maree Aanaa Magaalaa**

1) Manni Maree Aanaa Magaalaa, Aanaa Magaalichaa keessatti qaama aangoo ol'aanaadha.

2) Miseensonni Mana Maree Aanaa Magaalaa akkaataa seerota rogummaa qabaniin jiraataa ummata Gandichaatiin kallattiin kan filataman ta'u.

3) Ittiwaamamni Mana Maree Aanaa Magaalichaa, ummata Aanaa Magaalichaa fi Mana Maree Magaalichaaf ta'a.

**39. Aangoo fi Hojii Mana Maree Aanaa Magaalaa**

Manni Maree Aanaa Magaalichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Aangoo fi hojii akkaataa Dambii kanaatiin Bulchiinsa Aanaa Magaalichaatiif kenname hojiirra ni oolcha; hojiirra akka oolu ni taasisa;

2) Lafa Aanaa Magaalichaa keessatti argamu bu'uura seeraatiin buluu isaa ni hordofa; ni to'ata;

3) Koreewwan Dhaabbii Mana Marichaa ni hundeessa; miseensota isaa miseensota Mana Marichaa keessaa ni moggaasa; haala hojii isaanii ni murteessa; koreewwan adda addaa aangoo fi hojii Mana Marichaa hojiirra oolchuuf gargaaran ni hundeessa;

4) Afyaa'ii, Itti Aanaa Afyaa'ii fi Barreessaa Mana Marichaa miseensota Mana Marichaa keessaa ni filata; haala hojii isaas ni murteessa; Waajjira Mana Marichaa ni hundeessa;

5) Bulchaa Aanaa Magaalichaatiin yammuu dhiyaatuuf muudama Miseensota Mana Maree Bulchiinsaa, Ittigaafatamtoota Waajjiraalee qaama raawwachiisaa fi Hoji-gaggeessaa Aanaa Magaalaa ni mirkaneessa;

6) Karooraa fi baajata waggaa Aanaa Magaalichaa dhiyaatuuf qoratee ni raggaasa;

7) Dambii keessoo adeemsa hojii fi naamusa miseensota Mana Marichaa ni baasa; hojiirra ni oolcha; raawwii isaa ni hordofa.

**40. Afyaa'ii, Itti Aanaa Afyaa'ii fi Barreessaa Mana Maree Aanaa Magaalaa**

Muudamni, barri hojii, ittiwaamamni, aangoo fi gaheen hojii Afyaa'ii, Itti Aanaa Afyaa'ii fi Barreessaa Mana Maree Aanaa Magaalaa akkaataa Labsii Magaalotaa Mootummaa Naannichaatiin kan raawwatamu ta'a.

**41. Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalaa**

1) Miseensonni Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalaa Bulchaa Aanaa Magaalichaatiin dhiyaatanii Mana Maree Aanaa Magaalichaatiin kan muudaman ta'ee, miseensota armaan gadii ni qabaata:

(a) Bulchaa;

(b) Itti Aanaa Bulchaa;



Waajjira Pirezidantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government

(c) Ittigaafatamaa Waajjira Bulchaa;

(d) Hoji-gaggeessaa Mana Qopheessaa;

(e) Ittigaafatamaa Waajjira Misooma Qonnaa;

(f) Ittigaafatamaa Waajjira Lafaa;

(g) Ittigaafatamaa Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenyaa;

(h) Ittigaafatamaa Waajjira Maallaqaa;

(i) Ittigaafatamaa Waajjira Daldalaa;

(j) Ittigaafatamaa Waajjira Galiiwwanii;

(k) Ittigaafatamaa Waajjira Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa;

(l) Ittigaafatamaa Waajjira Geejjibaa fi Loojistiksii.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(a - l) jalatti kan tumame jiraatus, Manni Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalichaa baay'ina miseensota isaa akkaataa barbaachisummaa isaatti dabaluu yookiin hir'isuu ni danda'a.

3) Miseensonni Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalaa murtii kennaniif ittigaafatamummaa qeenxee fi waloo ni qabaatu.

4) Barri hojii Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalaa bara hojii Mana Maree Aanaa Magaalichaa ta'a.

5) Ittiwaamamni Mana Maree Bulchiinsaa Mana Maree Aanaa Magaalaa fi Bulchaa Aanaa Magaalaatiif ta'a.

**42. Aangoo fi Hojii Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalaa**

Aangoo fi hojiin seerota birootiin kennameef akkuma jirutti ta'ee, Manni Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Seerota, murtiiwwanii fi sadarkaalee Mootummaa Naannichaa fi Mana Maree Magaalichaan bahan hojiirra ni oolcha; hojiirra ooluu isaa ni mirkaneessa; ni hordofa;

2) Aanaa Magaalichaa keessatti heeraa fi sirna heeraa, akkasumas seera ni kabachiisa;

3) Hojii mootummaa Aanaa Magaalichaa keessatti hojjetamu ni gaggeessa; ni qindeessa;

4) Karooraa fi baajata waggaa Aanaa Magaalichaa akkaataa karoora Magaalichaa fi Kutaa Magaalichaatiin walsimuun qopheessuun irratti mari'atee Mana Maree Aanaa Magaalichaaf ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;

5) Hojiiwwan biroo Bulchaa Aanaa Magaalaa fi Bulchaa Kutaa Magaalaa irraa kennamuuf ni raawwata.

**43. Bulchaa Aanaa Magaalaa**

1) Bulchaan Aanaa Magaalaa Bulchaa Kutaa Magaalichaatiin dhiyaatee Mana Maree Aanaa Magaalichaan kan moggaafamu ta'a.

2) Ittiwaamamni Bulchaa Aanaa Magaalaa Bulchaa Kutaa Magaalichaa fi Mana Maree Aanaa Magaalichaatiif ta'ee, Aanaa Magaalichaa ni gaggeessa.

3) Barri hojii Bulchaa Aanaa Magaalichaa bara hojii Mana Maree Aanaa Magaalichaa ta'a.

4) Bulchaan Aanaa Magaalaa aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

   (a) Baajataa fi karoora waggaa Aanaa Magaalichaa qopheessuun Mana Maree Bulchiinsaatiin irratti mari'achuun Mana Maree Aanaa Magaalichatiif dhiyeessee ni raggaasisa; yammuu mirknaa'e hojiirra ni oolcha;

   (b) Aanaa Magaalichaa keessatti seeraa fi sirna ni kabachiisa, rakkoo nageenyaa humna Aanaa Magaalichaati ol ta'e yoo qunname Bulchaa Kutaa Magaalichaa ni beeksisa;

   (c) Gabaasa hoji-gaggeessaa Aanaa Magaalichaa irraa dhiyaatu ni dhaggeeffata; qoratee murtii ni kenna;

   (d) Tajaajilonni mootummaa Aanaa Magaalichaatti kennaman si'oomina, hammayyaa'aa fi qulqullina kan qaban ta'uu isaa ni hordofa; ni deeggara; bakka hanqinni jirutti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa; Bulchaa Aanaa Magaalaatiif ni gabaasa;

   (e) Sirna kabaja ayyaana ummataa jiran irratti Aanaa Magaalichaa bakka ni bu'a;

   (f) Gabaasa raawwii hojii yeroo yeroodhaan Mana Maree Aanaa Magaalichaa fi Bulchaa Kutaa Magaalichaatiif ni dhiyeessa;

   (g) Hojiiwwan biroo Mana Maree Aanaa Magaalaa, Mana Maree Bulchiinsaa fi Bulchaa Kutaa Magaalichaatiin kennamaniif ni raawwata.

44. Itti Aanaa Bulchaa Aanaa Magaalaa

1) Itti Aanaan Bulchaa Aanaa Magaalaa Bulchaa Kutaa Magaalichaatiin dhiyaatee Mana Maree Aanaa Magaalichaatiin kan moggaafamu ta'a.

2) Ittiwaamamni Itti Aanaa Bulchaa Aanaa Magaalaa Bulchaa Aanaa Magaalichaatiif ta'a.

3) Barri hojii Itti Aanaa Bulchaa Aanaa Magaalichaa bara hojii Mana Maree Aanaa Magaalichaa ta'a.

4) Itti Aanaan Bulchaa Aanaa Magaalaa Aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

   (a) Bakka Bulchaan Aanaa Magaalichaa hin jirretti yookiin yeroo hojii hojjechuu hin dandeenyeetti bakka bu'uun ni hojjeta;

   (b) Hojiiwwan biroo Bulchaa Aanaa Magaalichaatiin kennamuuf ni raawwata.

45. Hoji-gaggeessaa Aanaa Magaalaa

1) Hoji-gaggeessaan Aanaa Magaalaa dandeettii ogummaa fi gahumsa gaggeessummaa qabuun madaalamee Bulchaa Aanaa Magaalaatiin dhiyaatee Mana Maree Aanaa Magaalaatiin kan muudamu ta'a.

2) Ittiwaamamni Hoji-gaggeessaa Aanaa Magaalaa Bulchaa Aanaa Magaalichaa fi Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalichaatiif ta'a.

## 46. Aangoo fi Gahee Hojii Hoji-gaggeessaa Aanaa Magaalaa

Hoji-gaggeessaan Aanaa Magaalaa aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Hojii tajaajiloota mana qopheessaa Aanaa Magaalichaatti raawwataman ni hojjeta; ni raawwachiisa; ni hooggana; ni qindeessa;
2) Tajaajiloonni Aanaa Magaalichaa keessatti kennaman tooftaalee adda addaatiin akka hojiirra oolan ni hojjeta; yaada ni dhiyeessa; yammuu hayyamame hojiirra ni oolcha;
3) Imaammanni, seeronnii fi sadarkaaleen Mootummaa Naannichaa fi Mana Maree Magaalichaa damee tajaajila Aanaa Magaalichaa keessatti hojiirra ooluu isaa ni mirkaneessa;
4) Karoora mana qopheessaa Magaalichaa fi Kutaa Magaalichaa irratti hundaa' uun karoora hojii mana qopheessaa Aanaa Magaalichaa ni qopheessa; yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
5) Raawwii hojii isaa ilaalchisee Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalichaa fi Bulchaa Aanaa Magaalaatiif gabaasa hojii ni dhiyeessa;
6) Tajaajiloota mana qopheessaa irratti iyyata jiraattotaan dhiyaatu iftoominaan ni keessummeessa; gaaffilee dhiyaataniif deebii hatattamaa ni kenna; akka kennamu ni taasisa;
7) Tajaajiloota mana qopheessaa ilaalchisee gabaasa raawwii hojii fi faayinaansii yeroo yeroon Bulchaa Aanaa Magaalaatiif ni dhiyeessa;
8) Hojiilee dabalataa Bulchaa Aanaa Magaalaa fi Hoji-gaggeessaa Kutaa Magaalichaatiin kennamuuf ni raawwata.

## 47. Waajjiraalee Qaama Raawwachiisaa Aanaa Magaalaa

Waajjiraaleen qaama raawwachiisaa Aanaa Magaalaa kanneen armaan gadii ta'u:

1) Waajjira Bulchaa;
2) Waajjira Mana Qopheessaa;
3) Waajjira Misooma Qonnaa;
4) Waajjira Lafaa;
5) Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenyaa;
6) Waajjira Maallaqaa;
7) Waajjira Daldalaa;
8) Waajjira Galiiwwanii;
9) Waajjira Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa;
10) Waajjira Geejjibaa fi Loojistiksii;
11) Waajjira Poolisii;
12) Waajjira Galmeessa Siivilii;
13) Waajjira Babal'ina Waldaalee Hojii Gamtaa;
14) Waajjira Milishaa.

Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
The Oromia National Regional Government Office of the President
MANA GALMEE ARCHIVE

48. Ittigaafatamaa Waajjiraalee Aanaa Magaalaa

1) Dambii kana Keewwata 41 Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, ittigaafatamtamtoonni Waajjiraalee Aanaa magaalichaa Bulchaa Aanaa Magaalichaatiin dhiyaatanii Mana Maree Bulchiinsaa Aanaa Magaalichaatiin kan muudaman ta'u.
2) Ittiwaamamni ittigaafatamtoota waajjiraalee Aanaa Magaalaa Bulchaa Aanaa Magaalaatiif ta'a.

49. Dambii Kabachiisaa

1) Tokkoon tokkoon Kutaa Magaalaa fi Aanaa Magaalaa qaama Dambii Kabachiisaa lakkoofsi isaa akkaataa Kutaa Magaalichaa yookiin Aanaa Magaalichaatiin garaagarummaa qabaatuun kan hundeeffatan ta'a.
2) Tarreeffamni isaa Dambii keessoo Manni Maree Magaalichaa baasuun kan murtaa'u ta'a.

## Kutaa Torba
## Mana Murtii Magaalichaa

50. Mana Murtii Idilee

1) Magaalichi sadarkaa Bulchiinsa Magaalaatti Mana Murti Ol'aanaa fi sadarkaa Kutaalee Magaalichaa immoo Mana Murtii Aanaa Magaalaa aangoo abbaa seerummaa qaban kan qabaatu ta'a;
2) Manni Murtii Aanaa Magaalaa tajaajila abbaa seerummaa ummataaf dhaqqabamaa taasisuuf sadarkaa Aanaa Magaalaatti Dhaddacha Dhaabbii yookiin Naannawa hundeessuu ni danda'a.
3) Dhimmoonni manneen murtii Magaalichaa aangoo abbaa seerummaa irratti qabaatan akkaataa Labsii Manneen Murtii Naannichaatiin ta'a.
4) Manneen Murtii idilee magaalichatti gurmaa'an kamiyyuu caaseffamaa fi hojimaata Manneen Murtii Naannichaa hordofuun ta'a.
5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-3 tti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Manni Murtii Ol'aanaa Magaalichaa gabaasa raawwii hojii isaa fi kan manneen murtii Aanaalee Magaalaa Kutaalee Magaalichaa qindeessee Mana Maree Magaalichaatiif kan dhiyeessu ta'a.

51. Mana Murtii Hawaasummaa

1) Magaalichi sadarkaa Aanaa Magaalaatti Mana Murtii Hawaasummaa ni qabaata;
2) Ittiwaamamni Mana Murtii Hawwaasummaa Aanaa Magaalichaa Mana Maree Aanaa Magaalichaatiif ta'a;
3) Aangoo fi hojiin Labsiin Manneen Murtii Hawaasummaa Gandaatiif kenname Manneen Murtii Hawaasummaa Aanaa Magaalaatti hundeeffaman irratti raawwatiinsa ni qabaata.

4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Manni Murtii Hawaasummaa Aanaa Magaalaa dhimmoota dambii darbuu Magaalichaatti raawwataman ilaalee murteessuuf aangoo ni qabaata.

## Kutaa Saddeet

## Baajata fi Bulchiinsa Faayinaansii Magaalichaa

**52. Bara Baajataa**

Barri baajata Magaalichaa bara baajata Mootummaa Naannichaa ta'a.

**53. Madda Galii Magaalichaa**

1) Galiin Magaalichaa maddoota armaan gadii irraa ta'a:
   (a) Gibiraa fi taaksii seeraan hayyamamee fi galii tajaajila kennu irraa sassaabamu;
   (b) Deeggarsa baajataa Mootummaan Naannichaa taasisuuf irraa;
   (c) Liqii fi gargaarsa irraa;
   (d) Hojiiwwan adda addaa galii argamsiisuu danda'an irratti hirmaachuun;
   (e) Maddoota galii biroo kanneen akka qaraxa gabaa beeyiladootaa, madaba gabaa, kiraa mana mootummaa fi qabeenyaa, buusii ummataa, kennaa adda addaa deeggartoota misoomaa irraa argamu fi kan biroo.
2) Galiin idilee magaalichi sassaabu karoora galii fi baajataa waggaa naannoo irraa kennamuuf irratti hundaa'uun galii idilee baajata isaa ol sassaabe keessaa karoora baajata isaa Naannoo irraa kennamuuf erga haguugee booda kan hafu % 30 Naannootti dhangalaasuun % 70 kan fayyadamu ta'a.
3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatus, Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa akkaataa barbaachisummaa isaatti haala ittifayyadama galii idilee magaalichi karooraa ol sassaabee murteessuu ni danda'a.
4) Magaalichi hojii bakka bu'ummaan Mootummaa Naanichaaf hojjetuuf kaffaltii ni argata.
5) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(c)tiin liqiin Magaalichaa raawwatamuun dura barbaachisummaan isaa Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin murtaa'uu qaba.
6) Liqiin Magaalichi liqeeffatu Mootummaa Federaalaa yookiin Naannichaa irraa, akkasumas dhaabbata faayinaansii seeraan beekamtii qabu irraa ta'ee, liqiin haala kanaan argame baasii pirojeektota kaappitaalaaf qofa kan oolu ta'a.
7) Kutaan Magaalaa fi Aanaan Magaalaa akkaataa Keewwata kanaatiin liqeeffachuu hin danda'an.

**54. Sirna Bulchiinsa Qabeenyaa fi Faayinaansii Magaalichaa**

1) Magaalichi qabeenyasaa sirnaan gurmeessuu fi bulchuuf aangoo fi ittigaafatamummaa ni qaba.

The Oromia National Regional Government ... MANA GALMEE ARCHIVE

2) Hojiin faayinaansii Magaalichaa kamiyyuu akkaataa sirna faayinaansii Mootummaa Naannichaatiin kan raawwatamu ta'a.

3) Kantiibaan gabaasa faayinaansii Bulchiinsa Magaalichaa waggaatti yeroo lama Mana Maree Magaalichaatiif ni dhiyeessa; ummataafis ifa ni taasisa.

4) Bulchaan Kutaa Magaalaa fi Aanaa Magaalaa gabaasa faayinaansii magaalichaa yeroo yeroon qaama ittiwaamamniif ni dhiyeessu; ummataafis ifa ni taasisu.

5) Magaalichi qophii fi raawwii baajataa akkasumas bulchiinsa faayinaansii irratti gahumsa fooyya'aa akka qabaatuuf Biiroon deeggarsa barbaachisaa kan taasisuuf ta'a.

**55. Sirna Faayinaansii Al-waaltawaa**

1) Sirni qoodinsa galii Kutaalee Magaalaa fi Aanaalee Magaalichaa foormulaa dorgomummaa fi bu'a qabeessummaa isaanii jajjabeessuu fi haqa-qabeessa bu'uureeffateen raawwatamuu qaba.

2) Manni Maree Magaalichaa Kutaalee Magaalaa fi Aanaalee Magaalaa isa jala jiraniif baajata hojii addaa murtaa'ee fi deeggarsaaf oolu ni kenna.

3) Deeggarsi baajataa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2tiin taasifamu yammuu qoodamu kenniinsa tajaajilaa fi haqa-qabeessummaa facaatii bu'uuraalee misoomaa tilmaama keessa galchuu qaba.

4) Manni Maree Magaalichaa pirojektoota haala addaatiin jajjabeessuu barbaadu irratti baajata baasii barbaachisu uwwisuuf gargaaru qooddii galiin alatti Kutaalee Magaalaa, fi Aanaalee Magaalaa deeggarsa addaa kennuu ni danda'a.

5) Galiiwwan Magaalichaa keessaa kanneen sadarkaa Kutaalee Magaalaa fi Aanaalee Magaalichaatti sassaabamanii fi kallattiin itti fayyadamuu danda'an Mana Maree Magaalichaatiin kan murtaa'u ta'a.

**56. Galmee Herregaa**

1) Bulchiinsi Magaalichaa, Kutaan Magaalaa fi Aanaan Magaalaa galmee herregaa fi harshameewwan maallaqaa guutuu fi sirrii ta'e ni qabaata.

2) Herregni Magaalichaa, Kutaan Magaalaa fi Aanaan Magaalaa waggaatti yeroo tokko Mana Hojii Odiitara Muummichaa Oromiyaatiin odiitii ni taasifama.

**57. Sirna Odiitii Keessaa**

1) Magaalichi odiitii keesaa ni qabaata.

2) Ittiwaamamni ittigaafatamaa fi ogeessota odiitii keessaa akkaataa Seera Bulchiinsa Faayinaansii Naannichaatiin ta'ee, qabeenyi Magaalichaa bu'uura seerota bulchiinsa faayinaansii rogummaa qabaniin raawwatamuu isaa guyyaa guyyaan ni hordofa; ni deeggara; ni mirkaneessa; bakka hanqinni jirutti tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa.

## Kutaa Sagal

## Tumaalee Adda Addaa

58. Aangoo fi Hojii Biiroo

Aangoo fi hojiin Biirichi akkaataa Labsii Magaalota Mootummaa Naannichaa fi seerota rogummaa qaban birootiin magaalota Naannichaa irratti qabu Magaalaa kana irrattis raawwatiinsa ni qabaata.

59. Dirqama Deeggarsa Kennuu

Namni kamiiyyuu hojiirra oolmaa Dambii kanaatiif deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

60. Raawwatiinsa Seerota Bulchiinsa Hojjettoota Mootummaa Naannichaa

1) Seerota birootiin addatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, fo'annoo, filannoo, qacarrii, mindaa fi faayidaa, sadarkaa guddinaa, ramaddii, jijjiirraa fi bulchiinsi humna namaa Magaalichaa bu'uura seerota Bulchiinsa Hojjettoota Mootummaa Naannichaatiin kan raawwatamu ta'a.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatus, Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa hojjettootaa fi hooggantoota mootummaa Magaalichaatiif haala addaatiin faayidaalee adda addaa murteessuu ni danda'a.

61. Miseensa Waldaa Magaalotaa Ta'uu

Magaalichi miseensa waldaa magaalota Naannichaa ta'uu ni danda'a.

62. Sirna Ittigaafatamummaa

Namni tumaalee Dambii yookiin Qajeelfama Dambii kana raawwachiisuuf bahu cabsee argame kamiyyuu baleessaa raawwatame irratti hundaa'uun akkaataa seerota rogummaa qabaniin ittigaafatamummaa yakkaa, hariiroo hawaasaa yookiin bulchiinsaa ni qabaata.

63. Tumaalee Ce'umsaa

1) Bu'uura Dambii kanaatiin caasaan magaalichaa diriiree hanga hojii eegalutti seeraa fi gurmaai'insa duraan tureen hojiiwwan barbaachisan hundi kan raawwataman ta'a.
2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, hanga Manni Maree Magaalichaa akka haaraatti hundaa'ee hojii eegalutti, manni maree magaalotaa fi gandootaa walitti makamanii hundi walitti dhufuun aangoo fi hojii Mana Marichaaf kenname kan raawwatan ta'a.
3) Dambii kun osoo hin bahiin dura hojiiwwan eegalaman hundi Dambii kanaan akka eegalamanitti lakkaawamanii raawwiin isaanii kan itti fufu ta'a.
4) Dhimmoonni bu'uura Dambii kanaatiin aangoo Bulchiinsa Magaalichaa ta'anii fi Dambiin kun bahuun dura Waajjiraalee Bulchiinsa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee, Magaalotaa fi Bulchiinsa Aanaatti hojjetamaa jiran hanga Bulchiinsi Magaalichaa haala mijeessee yeroo baatii jaha (6) hin caalle keessatti ofitti fudhatutti akkaatuma duraatiin kan hojjetaman ta'a.

MANA GALMEE ARCHIVE The Oromia National Regional

5) Maagaalonni, Aanaalee fi Gandoonni duraan Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee jala turanii Dambii kanaan Bulchiinsa Magaalichaa jalatti osoo hin daangeffamiin hafan Godinaalee hundeeffama Bulchiinsa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinneetiin dura jala turanitti kan deebi'an ta'ee, dhimmoonni seeraa jalqabamanii xumura hin argatiin bakkuma jalqabamanitti xumura kan argatan ta'a.

6) Hojjettonni Bulchiinsa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee keessa hojjechaa turan akkaataa Qajeelfama Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa baasuu fi seerota hojjettoota Mootummaa Naannichaa irratti hundaa'ee Biiroo Paablik Sarvisii fi Misooma Qabeenya Namaa Oromiyaatiin ramaddiin kan kennamuuf ta'a.

7) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 6 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, hojjettoonni mootummaa seerota addaatiin bulan mana hojii isaanii sadarkaa Naannoo jiruun akkaataa seerota rogummaa qabaniitiin ramaddiin kan kennamuuf ta'a.

8) Ogeessonnii fi hojjettonni Bulchiinsa Magaalaa Shaggar keessa hojjechuu qaban Qajeelfama Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa baasuun seerota Hojjettoota Mootummaa Naannichaa irratti hundaa'uun koree ol'aanaa Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa hundeessuun dorgomanii kan ramadaman ta'a.

9) Ramaddiin hoogganasa Waajjiraalee Bulchiinsa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee keessa hojjechaa jiranii akkaataa seeraa fi hojimaata jiruun mootummaa naannichaatiin kan raawwatamu ta'a.

10) Haalli walharkaa fuudhiinsa daangaa bulchiinsaa, qabeenyaa fi sanadoota adda addaa akkaataa murtii Mootummaan Naannichaa kennuun kan raawwatamu ta'a.

**64. Mirgaa fi Dirqama Dabarsuu**

1) Mirgaa fi dirqamni magaalonnii fi gandoonni baadiyyaa Dambii kanaan walitti makamuun dura qaban gara Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti darbee jira.

2) Mirgaa fi dirqamni Waajjirri Bulchiinsa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee duraan qabu gara Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti darbee jira.

**65. Aangoo Tumaa Magaalaa Baasuu**

Manni Maree Magaalichaa imaammata, tarsiimoo fi seerota Mootummaa Naannichaatiin bahaniin haala walsimuun dhimmoota magaalichaa armaan gadii irratti tumaa Magaalaa ni baasa:

1) Baajata waggaa bulchiinsa magaalichaa raggaasuuf;
2) Pilaanii bulchiinsa magaalichaa raggaasuuf;
3) Bu'uura Labsii Magaalotaa Mootummaa Naannichaatiin dhimmoota aangoo bulchiinsa magaalichaa ta'an irratti qaraxaa fi gibira murteessuuf, akkasumas kaffaltii tajaajilaa murteessuuf;
4) Hojiilee bulchiinsa magaalichaa keessatti akka hin raawwatamne dhorkaman irratti;



The Oromia National Regional Government Office of the President ... ARCHIVE

5) Dambii Keessoo Adeemsa Hojii fi Naamusa Miseensota Mana Maree Magaalichaa baasuu; fi

6) Waliigalteewwan adda addaa Magaalichaan raawwataman mirkaneessuu.

**66. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana raawwachiisuuf Manni Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaa Qajeelfama baasuu ni danda'a.

**67. Seerota Haqamanii fi Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

1) Dambiin Waajjira Bulchiinsa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee Hundeessuuf Bahe Lakkoofsa 115/2000 Dambii kanaan haqamee jira.

2) Dambiin, Qajeelfamnii fi barmaatiileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**68. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun **Onkololeessa 11 bara 2015** irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Shimallis Abdiisaa
Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Onkololeessa 11, Bara 2015
Finfinnee

Miiltoo 1ffaa: Tarreeffama Maqaa Gandootaa kanneen Aanaalee Aqaaqii, Barrak, Sulultaa, Walmaraa fi Sabbataa Hawaas irraa Magaalicha Keessatti Hammatamaan

| Lak. | Maqaa Gandootaa | Aanaa duraan jala turan |
|---|---|---|
| 1. | Abbayyii Silxoo | Aqaaqii |
| 2. | Bilii Silxoo | Aqaaqii |
| 3. | Dawwaraa Xinnoo | Aqaaqii |
| 4. | Insilaalee | Aqaaqii |
| 5. | Gammadaa | Aqaaqii |
| 6. | Galaan Arraabsaa | Aqaaqii |
| 7. | Heechuu | Aqaaqii |
| 8. | Yarar Abbayyii | Aqaaqii |
| 9. | Yarar Naccoo | Aqaaqii |
| 10. | Boolee | Sabbataa Hawaas |
| 11. | Bargaa Gooroo | Sabbataa Hawaas |
| 12. | Dikaa Xangaggoo | Sabbataa Hawaas |
| 13. | Diimaa Maanyoo | Sabbataa Hawaas |
| 14. | Ilaamuu Taajjab | Sabbataa Hawaas |
| 15. | Gajjaa Gadaanbaa | Sabbataa Hawaas |
| 16. | Gajjaa Qajiimaa | Sabbataa Hawaas |
| 17. | Gajjaa Migiraa | Sabbataa Hawaas |
| 18. | Goraa Harkisoo | Sabbataa Hawaas |
| 19. | Haroo Jilaa Fullaasoo | Sabbataa Hawaas |
| 20. | Galaan Guddaa | Sabbataa Hawaas |
| 21. | Naannoo Jawwee | Sabbataa Hawaas |
| 22. | Jamoo | Sabbataa Hawaas |
| 23. | Mogilee | Sabbataa Hawaas |
| 24. | Dheertuu Mojoo | Finfinnee |
| 25. | Koyyee Faccee | Finfinnee |
| 26. | Chebii Siree Guyyoo | Barrak |
| 27. | Herbuu Abbaa Malaa Mugaroo | Barrak |
| 28. | Harbuu Kennoo Kuraa Jiddaa | Barrak |
| 29. | Laga Barii Laga Boolloo | Barrak |
| 30. | Cobee Leencaa Bulultaa | Barrak |
| 31. | Waliigawoo | Barrak |
| 32. | Dirree Sokorruu | Barrak |
| 33. | Eekkaa Sadeen | Barrak |




The Oromia National Regional Government Office of the President

| | | |
|---|---|---|
| 34. | Waraabbii Xanqolee | Barrak |
| 35. | Addee Simbiriit Qottuu | Walmaraa |
| 36. | Wacacaa | Walmaraa |
| 37. | Barfata Lammaffaa | Walmaraa |
| 38. | Walee Lubee Akaakoo | Sulultaa |
| 39. | Kattaa Walalee | Sulultaa |
| 40. | Wareersoo Noonnoo Mana Abbichuu | Sulultaa |
| 41. | Wasarbii Guutoo | Sulultaa |
| 42. | Bosona Mootummaa (Dhaabbata Bosonaa fi Bineensota Bosonaa Oromiyaa) | Aqaaqii |
| 43. | Bosona Suubbaa (Dhaabbata Bosonaa fi Bineensota Bosonaa Oromiyaa) | Walmaraa |


Waajjira Pirezidantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa
MANA GALMEE
ARCHIVE
The Oromia National Regional Government Office of the President

Miiltoo 2ffaa: Kaartaa Magaalaa Shaggar





Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa
The Oromia National Regional Government
ARCHIVE

Miiltoo 3ffaa: Kutaalee Magaalaa Shaggarii fi Giddugala Isaanii



Miiltoo 4ffaa: Aanaalee Magaalaa Shaggarii fi Giddugala Isaanii




The Oromia National Regional Government Office of the